Mineesotaan Waggaa Mana Barumsaaf Duula Qorannoo Covid-19 Dargaggootaa Jalqabe: Barreeffama

[muuziqaa bohaarsaa]

[barreeffama iskriinii irraa] Wanta barattoonni waʼee daabbataanCovid-19 tiif qoramuu jechaa jiran.

[barattuu dubaraa 1] Qoratamuun koo arfaasaa kanatti eebbifamuu akkan danda'u anaaf baayee barbaachisaa dha.

[barattuu dubaraa 2] Ispoortii koof, akka ani hirmaadhuu fi dorgomuu na gargaara.

[barataa dhiiraa 1] Ani muuziqaa fi shubbisuu barattoota waggaa angafa, fi eebba waltajjii irratti geggeefammu irratti hirmaachuun fedha.

[barreeffama iskriinii irraa] Kutaan Eegumsa Fayyaa Mineesotaa ijoollee fi maatiin isaanii torbee lama lamaan akka qoratamaniif gorsa kenna. Ijoolleen shochiiwwan kaarikulamitti dabalaman ykn ispoortiiwwan kamiyyuu keessatti kan hirmaatan, torbee torbeenqoratamuu qabu.

[Bulchaa Anoka, David Law] Sagantaan barattoonni mallattoo dhukkubbiin irratti hin mullatin akka qorataman taasifaman kun barattoota qoratamnii positiivii kan ta'an dhibbeenta baayyee xiqoo qabuuf carraa taateewwanii quddisa akkasumas gochaawwan sochii mana barumsaatii ykn mana barumsaa guyyaa sanaatti taaggoluu isa guddicha oolchuuf gargaara.

[barreeffama iskriinii irraa] Qoratamuun gatii si hin baasisu, akkasumas sa'aatii wal fakkatuutti maatii hundaaf beellama saganteessuu dandeessa.

[barattuu dubaraa 1] Ani dhukkuba daddabarsituu hawaasaa ta'uu hin barbaadu, kanaaf gara Amory dhufuudhaan tola qoratamuun salphaa dha. Akkasumas ani nagaan jiraachuu koo fi nagaa hiriyoota koo eeguu koo akkan mirkaneessu na gargaara.

[barataa dhiiraa 2]Nuti qaamaan deebi'uu barbaannaa; kanaaf gara iddo sanaa qaqqabuuf waliin hojeechuu nuu barbaachisa.

[Barreeffama iskriinii irraa] Ofeegganoowaan dursaa fudachuun kan akka haguuggii godhacuu fi qoratamuun tamsa'ina COVID-19 ni hir'isa. Irra caalaatti barachuu fi maatii keessaniif sagantaa qorannoo qabsiisuuf, har'a mn.gov/covid19 daawwadhaa.

[muuziqaa bohaarsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

3/17/21 (Oromo)

Odeefannoo kana dhangii/roga addaatiin arggachuuf: 651-201-4989 Bilbillaa.